# Eeyyama Hubannaa **Talaalliwwan COVID-19 Dargaggootaf**

Vaccinate WA
CovidVaccineWA.org

Washington State Department of Health (Muummen Fayyaa Isteeta Washingtan) namni umurii waggaa ji'a 6 fi isaa olii hundi akka talaallii fudhatan ni gorsa. Dhiyeessitoonni baay'een namoonni umuriin isaanii waggaa 18 gadi ta'an talallii akka fuudhataniif eeyyama maatii ykn guddistoota ni gaafatu. Haa ta'u malee, Yoo isin 18 gadii fi maatiiwwan keessan irraa bilisa taatan, haala tokko tokko keessatti ofii keessaniin eeyyama kennuu ykn tasgabbii dhabuu manaa ykn maatii ykn guddistota wajjiin yoo hin taane kara mana barumsaa keessan eeyyama argachuu maaltu. Galmeen kuni gosoota eeyyamaa garagaraa kan seera isteeta irratti hunda'uun eeyyamaman, dhiyeessa isin tajaajilu danda'u akkamitti argachuu akka dandessanii fi beelama talaallii keessanitiif akkamitti akka qophoofta agarsiisa.

## Ga'eessota isiniif eeyyama kennuu danda'an:



- Maatii
- Guddistuu ykn eegduu seera qabeessa
- Maatii guddisee yookin ijoollee manaan ala wiirtuu kunuunsaa keessa jiraniif eegumsa fayyaa eeyyamuuf nama manni murtii eeyyama kenneef (Boqonnaa 13.32A ykn 13.34 Revised Code of Washington (RCW, koodii Waashingtan keessa deebi'ame)
- Isiniif murteewwan eegumsa fayyaa akka godhuuf nama eyyama mallattaa'e qabu
- Fira eegumsa fayyaa keessaniif itti gaafatamummaa qabu
- Narsii mana baruumsaa, gorsaa ykn qindeessaa manmaleessaa (yoo isin McKinney-Vento Homeless Education Act)* federaalaa jalatti manmaleessa jedhamtanii ibsamtan)

## Ofii keessaniif eeyyama kennuu ni dandeessu yoo:



- **Isin seeraan bilisa.** Umuriin keessan waggaa 16 ykn isaa oli ykn maatiiwwan keessan irraa bilisa akka ta'an galmeeffamtanii eeyyamni isiniif kennameera.
- **Isin nama umuriin hin geenye kan bilisa ta'e/taate ykn ga'eessa kan futaniidha/heerumtaniidha.**
- **Dhiyeessan** Mature Minor Doctrine (Barmaatilee Warren Umuriin Hin Geenye kan Bilchina Qaban)**irratti hunda'uun **isin kan umuriin hin geenye kan bilchina qabdan ta'uu keessan ni murteessa**.

### *Odeeffannoo dabalataa waa'ee eeyyama McKinney-Ventofayyadamuu:

Seera Isteetaa irratti hunda'uun, narsiiwwan mana barumsaa, gorsitoonni mana barumsaa fi qindeessitoonni barata manmaleessaa dargaggoota ykn ga'eessa dargageessa (akka McKinney-Vento homeless education act federaalaa jalatti ibsameen – Ingliffa qofaan) manmaleessa kan to'annoo qaamaa kan maatii ykn guddisaa jala hin jirreef talalliiwwaniif eeyyama akka kennaniif eeyyamni kennameefira.

**Geessituu Qabeenyaa:** National Center for Homeless Education, *Barnoota barattoota kopha jiraatan kan manmaleessumaa arganii deeggaruu,* https://nche.ed.gov/wp-content/uploads/2018/10/youth.pdf - Ingliffa qofaan

### **Waa'ee Mature Minor Doctrine irratti odeeffannoo dabalataa:

Dhiyeessitoonni muraasni warreen umuriin hin geenye bu'aawwan adeemsa wal'aansa hubachuu ykn dinqisiifachuu yoo danda'an "Mature Minor Doctrine" irratti hunda'uun eeyyama sirrii ta'e akka kennan isaanif eeyyamu.

Dhukkubsatan warreen umuriin hin geenye kan bilchina qaban ta'uu isaa murteessu keessatti, dhiyeessitoonni umurii, beekumsa, bilchina, leenjii, muxannoo, dinagdeedhan of danda'aa ta'uu ykn ta'uu dhiisuu fi akka ga'eessatti amala waliigalaa fi to'annoo maatii irraa bilisa ta'uu nama umuriin hin geenyee ni madaalu.

## Dhiyeessitoonni eeyyama karoota garagaraa muraasatiin fudhatu.

- Eeyyama afaaniin dubbataman (karaa bilbilaa ykn qaamaan)
- Eeyyama barreefamaa (unka)
- Namoota muraasaf eeyyama barreeffamaa fi afaaniin dubbataman isaan barbaachisa.
- Isiniif ga'eessaa eeyyama kennu irraa eeyyama qaamaan taasifamu.

# Talallii argachuuf gorsoota barbaachisoo ta'an

- ☐ **Dhiyeessichi eeyyama gosa kam akka fudhatu ilaaluf filannoowwan calallii Vaccine Locator (Teechistuu Talallii)([vaccinelocator.doh.wa.gov](vaccinelocator.doh.wa.gov)) irratti argamu fayyadamaa ykn dhiyeessaadhaaf bilbilaa.** Filannoowwan calaallii dargaggootaf mijatoo ta'an kan Vaccine Locator irra jiran isin dhiyeessaa haalaa keessan irratti hojjetu akka argattan isi<n gargaara . Fakkeenyaaf, ga'eessa isiniif eeyyama kennuu danda'u yoo qabaattanii fi ta'us isin wajjiin gara beelama deemuu hin dandeenye ta'e, dhiyeessaa eeyyama barreeffamaa fudhatu argadhaa.
- ☐ Yoo isin maatii/guddisaa unka sarara irraa guutuu danda'u hin qabne taatan **iddoowwan talaallii beelama hin barbaanneefi beelama qabsisuuf dawwalan barbaadaa.** Dhiyeessitoonni baay'een sarara irraa beelama qabsiisuf maatiin ykn guddisaan unka eeyyamaa akka guutan ni gaafatu.
- ☐ **Mana barumsaa keessaniif gabaasaa** Yoo tasgabbii dhabuu mana isin qunname, McKinney-Vento isiniif hojiirra oolu mala. (Odeeffannoo dabalataaf jalqaba irra ilaalaa.) Eeyyama kennuuf narsii mana barumsaa, gorsaa mana barumsaa ykn qindeessaa barataa manmaleessaa wajjiin hojjechuu dandeessu.
- ☐ **Gosa eeyyama kennuun isin irra jiruuf qopha'aa:**
    - ☐ Yoo ga'eessi beelama keessan irratti aragamuun isarra jiraate, isaan wajjiin qindeessaa.
    - ☐ Yoo dhiyeessichi eeyyama barreeffama fudhate, namni isniif eeyyama kennuu unka maxxansuu fi malletteessuu danda'uu isaa ilaalaa.
    - ☐ Yoo isin nama umuriin hin geenye kan bilisa taatan ykn kan umuriin hin geenye kan umuriin hin geenye ykn ga'eessa bilisa ta'e fuutan/itti heerumtan taatan, galmee fiduun sinirra jiraachuu mala.
    - ☐ McKinney-Vento fayyadamuudhan eeyyama kan fudhachaa jirtanii yoo taatanii fi dhiyeessichi gaaffilee ni gaafata jettanii yoo yaadoftan, garagalcha seera eeyyama odeeffannoon deeggaramefidaa: RCW [7.70.065](7.70.065) – Inglifa qofaan fi kutaa mana barumsaaf murtaa'aa ta'e ibsa. (Geessituu gara seeraa: [https://app.leg.wa.gov/RCW/default.aspx?cite=7.70.065](https://app.leg.wa.gov/RCW/default.aspx?cite=7.70.065) – Ingliffaa qofaan). Yaadachiisa: Kuni ulaagaa MITI.
    - ☐ Yoo isaan karaa Barmaatilee warreen umuriin hin geenye bilchina qabaniin ofii keesaniif eeyyama kennuu maatiiwwan keessan irra bilisa ta'uu keessan galmee fi odeeffannoo argarsiisuun isin irraa eegamuu mala. Kuni dhiyeessitoota hundaan gaafatamuu baatus gargaaruu mala. Dhiyeessitoonni muraasni iddoola irratti murtee warra umuriin hin geenya kan bilchina qabanii hin godhan garuu dhiyeessitoota duraanii irraa murteewwan warreen umriin hin geenye kan bilchina qabanii ni fudhatu.

Washington State Department of HEALTH

DOH 825-018 July 2023 Oromo
Galmee kana bifa biraan gaafachuudhaf, 1-800-525-0127 irratti bilbilaa. Maammiltootni dhaga'uu hin dandeenye ykn dhaga'uu irratti rakkoo qabdaniif, maaloo 711 (Washington Relay) irratti bilbila ykn civil.rights@doh.wa.gov irratti imeelii ergaa.